# “Jibbiinsa kakaasuu” irratti Ibsa Gabababaa

## Qabiyyee Seeraa:

Walii galtee idila addunyaa mirgoota Siiviilii fi Siyaasaa (ICCPR) keewwata 20 keewwata xiqqaa 2 kan eeru “lammummaan, sanyiidhaan ykn amantaan wal qabatee gochi jibbiinsaa akka babal’atu ykn lallabamu taasifamuu fi loogummaa, diinummaa ykn jeequmsa/Gooliif kan haammate yoo ta’e seeraan dhorkamaa dha.”

**Hiikawwan:**

- Jechoonni ‘**Jibbiinsaa’** fi ‘**Diinummaa’ jedhan** haamilee qeeqa jibbiinsaa fi madaallii hin qabaanne cimaa, diinummaa garee tokko irratti xiyyeeffate kan ibsani dha.
- Jechi ‘**Kaka’umsa/lallabuu’** jedhu garee tokko irratti xiyyeeffachuun ifaan ifatti gocha jibbiinsaa beeksisuuf fedhii agarsiisuu jedhuun fudhatamee hubatamuu barbaachisa
- Jechi ‘**Jajjabeessuu/kakaasuun’** lammummaa, sanyii ykn garee amantaa ilaalchisuun ibsi kennamu rakkoowwan loogii, diinummaa ykn goolii namoota gareewwan kanneen keessatti haammataman irratti uumuu kan danda’u yoo ta’e dha.

**Yaalii/Qorannoo Jalqaba:**

ICCPR keessatti Keewwanni 20 jalqabbii ykn seensa cimaa barbaada. Sababiin isaas bilisummaa dubbachuu irratti daangaan ka’amu fudhatama dhabee turuu qaba. Gochi karoora Raabaat (A/HRC/22/17/Add.4, dhuma irratti kan wal qabsiifame) kan eeru tokkoon tokkoon kutaalee jahan yaalii/qorannoo armaan gadii miidhaan gocha yakkaatiin raawatamu hagam akka ta’e hubachuuf guutamuu kan qabani dha.:

(1) **Galumsa:** Galumsi ibsawwan/haasaan kennaman loogii, diinummaa ykn goolii garee tokko irratti xiyyeeffachuun uumuuf kan deeman yoo ta’uu isaa adda baasuuf qorannoo geggeefamu keessatti faayidaa guddaa kan qabanii fi kaayyoo fi gochaaf sababii kallattii ta’uu danda’u. Xiinxalli galumsaa, haasaa/ibsa akka gochaatti fudhatamee fi galumsa hawaasummaa fi siyaasaa keessatti wayituma ibsi/haasaan kun taasifametti kan babal’atee fi waliin gahe agarsiisuu qaba.

(2) **Nama dubbatu**: Hawaasa keessatti kaayyoo fi akkaataan haasaa namichi dubbatuu dirqama tilmaama keessa galuu qaba. Keessumaayyuu galumsa dhaggeeffattoota haasaan kun kallattiin taasifameef irratti ejjennoon nama dhuunfaa ykn dhaabbataa sirritti hubatamuu qaba.

(3) **Fedhii/Kaayyoo**: ICCPR keessatt keeawwanni 20 fedhii ykn kaayyoodhaaf iddoo guddaa kenna. Dhimmamuu hafuun/tuffiin fi itti gaafatamummaa dhabuun gocha seera darbuu/cabsuutiif sababa quubsaa kan ta’an miti. Sababiin isaas keewwanni kun “beeksisuu/lallabuu” fi “jajjabeessuu/kakaasuu irratti yaada kan kennu malee calluma jedhee dhimma raabsaa ykn babal’ina barreeffamootaa ykn meeshaalee irratti kan xiyyeeffate miti. Gama kanaan walitti dhufeenya rogsadee dhimmichaa fi mata duree dhimmichaa akkasumas dhaggeeffattoota gidduu jiru sossochoosuu barbaachisa.

(4) **Qabiyyee fi Guca**: Qabiyyeen haasichaa kan haammatu marii fi tilmaama yeroo dheeraan hojjetamu akkasumas qabiyyee/maalima cimaa kakaasuu/jajjabeessuuti. Xiinxalli qabiyyee haasaan kun hagam jeequmsa uumuuf kaayyeffatee fi kallattii isaa, akkasumas guca, akkaataa, uumama falmii haasicha keessatti barreeffame ykn falmiiwwan giduutti madaallii fiduuf wantoota fayyadaman haammachuu ni danda’a.

(5) **Hanga daangaa gocha haasichaa**: Hangi daangaa kanaa kan haammatu qabiyyeen/maalimmaan haasichaa gochasaatiin kan hanga waliin gahu, uumama hawaasichaa, hangaa fi baayyina dhaggeeffattoota isaa dha. Qabiyyeen/maallimni biroo yaada keessa galuu qaabn haasaan taasifame kun ifaan hawaasa keessatti kan tamsa’e ta’uu fi dhiisuusaa, mala kamiin fayyadamuun haasaan kun kan tatamsa’e, fakkeenyaaf barreeffama tokkoon ykn kara dhaabbilee sabquunnamtii keessaa biroodkaastiingii muummeetti fayyadamuun ykn kara interneetiitiin, dambalii, hangaa fi daangaa quunnamtiiwwanii, dhaggeeffataan kakaasuu/jajjabeessuu kana irratti mala fedhii fi, haamilee fi yaada isaa itti calaqqifatu jiraachuusaa, ibsi/haasaan (hoijiin) kun naannoo dhorkametti tamsaasamuu isaa ykn iddoo uumanni bal’aan odeeffannoo kana argachuu danda’utti tmsaasamuu isaa adda baafachuu haammata.

(6) **Carraa, wantoota yeroo dhihootti uumamuu danda’an dabalatee**: Kakaasuu/jajjabeessuu hiika qabuun, yakka reefuu raawwatamaa jiru ykn jalqabbii irra jiru dha. Karaa haasaa ykn ibsa jajjaabeessuu/kakaasuutiin gochi lallabame/beeksifame hanga ykn walii gala yakkaa raawwatame adda baasuuf itti fayyadamamuu hin qabu. Haa ta’u malee haga ta’e miidhaa/balaan qaqabsiisuu danda’u adda baafamuu qaba. Kun jechuunis manni murtichaa haasaan kun garee tokko irratti xiyyeeffachuun gochi kun dhugumaan akka uumamuuf sababii amansiisaa ta’uu isaa adda baasuun murteessuu kan qabu yoo ta’u haalli kunis gocha kana waliin walitti dhufeenya kallattii qabaachuu isaa beekamuu qaba.

Karoorri Raabaati namoota gocha nama miidhu ykn yakkaa raawwatan ilaalchisuun Qorannoo/yaalii jalqabaa ICCPR keessatti keewwata 20 kan hubachiisu, himatamuu ykn adabamuu akka hin dandeeny dha. Haaluma wal fakkaatuun miseensoonni xiqqaa ykn gadi aanaa ta’an qabatamaan haala sirrii hin taaneen ni himatamu, kunis immoo kan ta’u gama seera biyya, raawwachiisaa seeraa fi imaammatawwan biyya keessaa ifa hin taanee fi miidhaa geessissaniin soda fi yaaddoo cimaa qaamolee biro irratti geessisaniin dha. keessaa, Dursitoonni siyaasaa fi amantaa haasawwan jibbiinsaa jajjabeessanii fi kakaasan irraa of-qusachuu qabu. Garuummoo haasaa jibbiinsaa ittisuuf dhugaawwan qabatamaa fi cimaa irratti hundaa’uun barsiisuuf gahee olaanaa qabu. Itti gaafatamummaa isaanii kanaanis jibbiinsa kakaasuun fi jajjabeessuun jeequmsa uumuuf haalli itti deemamu gonkumaa obsuun akka hin danda’aamne ifatti beeksisuu qabu. (Odeeffannoo dabalataatiif dirqamawwan “amantaa fi migootaa 18/18 commitments on “Faith for Rights” dubbisa.).